# DAMBII SIRNA WALGAHII GUMII BULCHIINSA ABBOOTII SEERAA OROMIYAA

## LAKK. 05/2011

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa itti gaafatamummaa seeraan itti kenname karaa bu'a qabeessa ta'een bahachuu akka danda'uuf hojimaata iftoomina qabu qabaachuun murteessaa waan ta'eef;

Walgahii isaa haala si'ataa, sirna qabeessaa fi bu'a qabeessa ta'een gaggeessuuf sirna fi deemsa walgahii itti geggeessu ifaan tumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uura Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Irra Deebi'uun Gurmeessuuf Bahe Lak 217/2011 Keewwata 30tiin dambiin kun baheera.

## KUTAA TOKKO
## DHIMMOOTAWALIIGALAA

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiikun***"Dambii Sirna Walgahii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa, Lakk. 05/2011"*** jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. HiikooJechootaa**

Akkaataan fayyadama jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) **"Barreessaa"**jechuun barreessaaYaa'ii Gumii jechuu dha.
2) **"Gumii"**jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannoo yookin Godinaa (Gumii Naannoo yookin Godinaa) jechuudha.
3) **"Koree"** jechuun Koree Dhaabbii yookin Koree Yeroo Gumii jechuudha.
4) **"Miseensa"** jechuun miseensa Gumii jechuudha.
5) **"Walgahii"**jechuunWalgahii Idilee yookin Walgahii Ariifachiisaa Yaa'ii Gumii jechuudha.
6) **"Walittiqabaa"**jechuun walitti qabaaYaa'ii Gumii jechuudha.
7) **"Yaa'ii Gumii"**jechuunYaa'ii Gumii Naannoo yookin Godina jechuudha.
8) **'Pirezidantii"** jechuun Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa ta'ee, akka galumsa isaatiin pirezidaantii mana murtii ol'aanaa illee ta'uu ni danda'a.

**3. DaangaaRaawwatiinsaa**

Dambiin kun Gumii Naannoo, Gumii Godina, miseensota Gumii fi akka haala isaatti qaamolee Gumii biroo sadarkaa hundaa jiran irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. IbsaKoorniyaa**

Dambii kana keessatti koorniyaa dhiiraan kan ibsame dubartiifis ni ta'a.

## KUTAA LAMA
## WALGAHII YAA'II GUMII

### 5. Qajeeltoowwaan Bu'uuraa

1) Walgahiin Yaa'ii Gumii gaggeeffamu karaa bilisummaa, ittigaafatamummaa fi gaarummaa bulchiinsa keessoo maneen murtii cimsuu dandeessisuun geggeeffamuu qaba.
2) Mariin Walgahii Yaa'ii Gumii irratti geggeeffamu duudhaa dimookiraasii fi kabaja miga namooma misensotaa karaa kabjeen geggeeffamu qaba.
3) Miseensonni yaada isaanii bilisummaa guutuu fi haala loogi irraa bilisa ta'een dhiyeeffachuun qooda fi ittigaafatama irraa eegamu bahachuu qabu.
4) Yaa'iin dhimma dhiyaate tokko irratti murtii dubarsuun dura marii gahaan irratti gaggeeffamuu isaa mirkanneeffachuu qaba.
5) Yaadni miseensotaa walqixa dhaggeeffatamuu qaba. Sagalen miseensotaas ulfaatina walqixa qaba.
6) Manneen murtii bilisummaa fi ittigaafatamummaa isaanii karaa eeggateen ergamaa isaanii akka bahatan dandeessisuuf miseensi ittigaafatamummaa isaanii bahachuuf carraaquu qabu.

### 6. Miseensota Gumii

1) Akkaataa Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Lakk 217/2011, keewwta 6 jalatti tumameen Gumiin Naannoo miseensota sagal armaan gadii ni qabaata.
   a. Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa ....... Walittiqabaa;
   b. Pirezidaantii Itti-aanaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa ..Walittiqabaa Itti-aanaa;
   c. Miseensota Caffee lama -----------------------Miseensa;
   d. Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa lama (yoo xiqqate tokko dubartii) ........ Miseensa;
   e. Muudamaa Pirezidaantii tokko ......................... Miseensa;
   f. Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa tokko ...... Miseensa;
   g. Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa tokko........ Miseensa.
   h. Itti Gaafatamaan Waajjira Gumii sagalee malee barreessaa Gumii ta'ee ni hojjata.
   i. Qaadiin Muummichi dhimma muudama, guddina, jijjiirraa akkasumas naamusaa Qaadii Manneen Murtii Shari'aa ilaalchisee sagaleedhaan Yaa'ii Gumii irratti ni hirmaata
   j. Barri hojii miseensota Gumii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) (d) hanga (g) jiranii waggaa sadii yoo ta'u, bara hojii dabalataa tokkoof qofa irra deebi'ee filatamuu ni danda'u
2) Akkaataa Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Lakk 217/2011, keewwta 17 jalatti tumameen Gumiin Godinaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ------- Walittiqabaa
   (b) Abbaa Seeraa Mana Murtii Ol'aanaa tokko -- Miseensota
   (c) Abbootii Seeraa Mana Murtii Aanaa lama (yoo xiqqate tokko dubartii) --- Miseensa
   (d) Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa tokko ------- Miseensa
   (e) Muudamaa Gumii Godinaa tokko --------------- Miseensa
   (f) Miseensa Caffee godinicha keessaa Af-yaa'iin kan bakka bu'u tokko ---- Miseensa
   (g) Dhimmi Qaadii Mana Murtii Shara'a ilaallatu yoo dhiyaatu Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaatiin kan bakka buufamu Qaadiin tokko sagaleedhaan ni hirmaata.
   (h) Ogeessi Dhimma Gumii sagalee malee barreessaa Gumii ta'ee ni hojjeta.

(i) Walittiqabaan yeroo hin jirretti Abbaan Seeraa Mana Murtii Ol’aanaa miseensa Gumii ta’e Walittiqabaa Gumii ta’ee ni hojjata.

3) Miseensi tokko yoo sababa addaa addaatiin hir’ate hanga Yaa’ii itti aanuun filannoon geggeeffamutti Pirezidaantiin miseensa biraa bakka buusuu ni danda’a.

**7. Mirgaa fi Dirqama Miseensaa**

1) Miseensi Gumii mirgoota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Mirga yaada isaanii bilisaan ibsachuu;
   (b) Mirga dhimma ibsa barbaadu yookin ifaa hintaanee fi irratti ibsa yookin deebii argachuu;
   (c) Mirga walqixa  dhaggeeffatamuu;
   (d) Mirga sagalee itti amane kennachuu;
   (e) Mirga durgoo fi faayidaa Gumiin miseensaaf murtaa’e argachuu;
2) Miseensi Gumii dirqama armaan gadii ni qabaata:
   (a) Walgahii Yaa’ii Gumicha irratti argamuu fi dammaqinaan hirmaachuu;
   (b) Mirga yookin yaada yookin garaagarummaan yaadaa miseensa biro kabajuu;
   (c) Sirna fi deemsa walgahii Yaa’ichaa kabajuu;
   (d) Walittiqabaa hayyamsiisee dabareen kennameefiin dubbachuu yookin osoo hin hayyamamin dubbachuu irraa of qusachuu;
   (e) Dhimma ajandaa yookin ijoo marii ala osoo hin bahin haala ifaa fi kallattii ta’een yeroo osoo hin qisaasin dubbachuu;
   (f) Miseensi hanga walgahiin xumuramutti dammaqinaan hirmaahuu qaba;
   (g) Miseensi kamuu sababa humnaa ol ta’een alatti walgahi irraa hafuu hin qabu; Wayita haalli akkanaa mudatus dirqama walitti qabaa dursee beeksisuu qaba;
   (h) Miseensi kamuu hojii Yaa’iin Gumii addatti kenneef, sababa gahaa yoo qabaate malee, fudhachuu fi hojjachuuf dirqama qaba;
   (i) Naamusa miseensummaa kabajuu.
3) Miseensi Gumii yaada ofii walgahiirratti tarkaanfachiiseef mirga dhiibbaa bifa kami iyyuu irra eegumsa argachuu ni qabaata.

**8. Walgahii Idilee**

1) Yaa’iin Gumii ji’a keessatti yeroo tokko Walgahii Idilee kan gaggeessu ta’a. Innis jiini seenee guyyaa Sanbata isa jalqabaa ganama sa’atii 3:00 irraa hanga 11:30ti kan geggeeffamuu ta’a. Yaa’ichi sa’aatii dheeressuus gabaabsuus ni danda’a.
2) Walgahiin Idilee yoo haalaa addaan Walittiqabaan murteesse malee kan Gumii Naannoo Waajira Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, kan Gumii Godinaa Waajira Mana Murtii Olaanichaa keessatti kan geggeeffamu ta’a.
3) Ajandaan Walgahii Idileef dhiyaate yoo humnaa ol ta’e malee bulfamuu hinqabu. Ajandaan sababa sa’aatiin gaheen hinxumuramin hafe bulfamee guyyaa itti aanutti yookin guyyaa Yaa’ichi irratti waliigale guyyoota shan keessatti xumuramuu qaba.

**9. Walgahii Ariifachiisaaa**

1) Yaa’iin Gumii haalli muddamaa yookin dhimmi addaa yoo uumamu yeroo walgahi idilee osoo hin eegin Walgahii Ariifachiisaa geggeessuu ni danda’a.

2) *“Haala Muddamaa”*jechuun haala yeroo hin kenninee fi walgahii idilee eeguun hojii irratti miidhaa geessisuun duratti murtii Yaa’ii Gumii barbaachisu jechuu dha.
3) *“Dhimma Addaa”*jechuun dhimma dhagaha baajataa, qophii karooraa, gabaasaa raawwii karooraa yookin dhimma biro Yaa’Ii Caffeef yookin Koree Dhaabbii Caffeef dhiyaatu jechuudha.
4) Haalli muddamaa yoo uumamu murtii Walitti qabaatiin ykn gaaffii miseensota harka caalmaatiin Walgahiin Ariifachiisaa yaamamuu ni danda’a. Akkasumas, dhimmi addaa yoo uumamu Walitti qabaan haalaa fi yeroo murteessee Walgahii Ariifachiisaa yaamuu ni danda’a.
5) Walgahii Ariifachiisaan yeroo sa’aatii 24 gadi hin taane keessatti kan yaamamu ta’a. Walgahii Ariifachiisaan akka yaamamu yoo murtaa’u yookin gaafatamu barreessaan hennasuma yaamicha miseensotaaf dabarsuu qaba.

**10. Waltajjii Biroo**

Kan Kewwata 9 fi 10 jalatti tumame akkuma jirutti ta’ee, Walittiqabaan miseensa woorkshooppii, seminaara, leenjii, yookin waltajjii marii biro irratti akka hirmaatan yaamuu ni danda’a.

**11. Haala Walgahiin Yaamame Itti Hafu yookin Ce’u**

1) Walgahiin Gumichaa sababa gahaan walgahicha hambisu yookin ceesisu yoo mudate murtee Walittiqabaan yookin gaaffii miseensota harka caalmaatiin hafuu yookin yeroo biratti ceesisuun ni danda’a.
2) Walgahiin akka hafu yookin ce’u godhame guyyaa Walgahii Idilee itti aanu osoo hin gahin yookin guyyaa Walittiqabaan murteessutti kan geggeeffamu ta’a.

**12. Aangoo fi Hojii Walitti qabaa**

1) Walitti qabaan Walgahii Yaa’iin walqabatee, aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
    (a) Walgahii Yaa’ii akka yaamamu ni taasisa;
    (b) Dhimma ajandaa Walgahii ni murteessa;
    (c) Walgahii Yaa’ii ni geggeessa;
    (d) Walgahiin sirna eegee akka geggeeffamu ni to’ata;
    (f) DhimmaYaa’iif dhiyaatee ilaalamu irratti koree yeroo hundeessee hojjachiisuu;
    (g) Murtiin Yaa’ii raawwatamuu isaa hordofuu;
    (h) Hojii Yaa’iin Koree dhaan akka hojjatu murteesse yeroon akka hojjatamee dhiyaatu ni hordofa;
    (i) Hojii fi walgahii Yaa’ii milkeessu kan barbaachisu hojii biro ni raawwata.

**13. Hojii Barreessaa**

1) Barreessaan Yaa’iin walqabatee, ittigaafatama hojii armaan gadii ni qabaata:
    (a) Walitti qabaa waliin mari’atee ajandaa walgahii ni qopheessa;
    (b) Yaamicha walgahii ni dabarsa;
    (c) Ajandaa dokumantii barbaachisuu waliin miseensotaaf dursee ni qaqqabsiisa;
    (d) Dhimmoota ajandaa ta’anii dhiyaatan irratti ibsa ni kenna;

(e) Qaboon Yaa’ii ni qabata, yookin akka qabamu ni taaisa;
(f) Qaboon Yaa’ii walgahii darbee dubbifamee akka ragga’u ni taasisa; Sirnaan akka oltaa’us ni taasisa;
(g) Murtii Yaa’ichaa ni raawwachiisa; Sadarkaa raawwii n irra jirus Walitti qabaaf ni gabaasa;
(h) Hojii Koree Gumii ni hordofa; Koree Gumiif deggarsa barbaachisu ni taasisa;
(i) Hojii Yaa’iin yookin Walitti qabaan kenneef biro ni hojjata.

## KUTAA SADII
## DEEMSA WALGAHII

**14. Ajandaa Qopheessuu fi Beeksisuu**

1) Barreessaan Walittiqabaa waliin mari’achuudhaan ajandaa Walgahii ni qopheessa.
2) Barreessaan ajandaa Walgahii Idilee dokumantii dhimmi ilaallatuu waliin yoo xiqqaate sa’aatii 48 dursee miseensota qaqqabsiisuu qaba. Barreessaan ajandaa fi dokumantii erguuf mala mijataa ta’e kamuu fayyadamuu ni danda’a.
3) Miseensi dhimma ajandaa ta’ee qabamuu qabu dursee Walittiqabaa beeksisuu qaba.
4) Dhimmi gaayyaa Walgahii walgahicha irratti miseensaan dhiyaatu ajandaa irratti qabamuudhaaf sagalee caalmaan deggaramuu qaba.

**15. Kooramii**

1) Walgahiin miseensonni harki caalaan yoo qaamaan argaman kan geggeeffamu ta’a.
2) Kooramiin osoo hin guutin yoo hafe miseensonni argaman walgahii biron guyyaa kudhan hincaalle keessatti akka geggeeffamu guyyaa fi yeroo murteessanii adda ni bahu.
3) Barreessaan guyyaa fi yeroo walgahii murtaa’ee miseensota hin argamin hafan ni beeksisa.
4) Kan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti ibsame akkuma jirutti ta’ee, miseensi qaamaan bakka walgahichaatti argamuu hin dandeenye karaa meeshaalee miidiyaa/tekinooloojii ammayyaatiin bakka jiru irraa walgahicha irratti haalli itti hirmaatu mijachuu ni danda’a.

**16. Geggeessa Walgahii**

1) Walitti qabaan walgahiin osoo hin jalqabamiin dura kooramiin guutuu isaa mirkaneeffachuu qaba.
2) Walgahiin Walitti qabaan walgahichi eegaluu isaa akkuma ibsaniin kan eegalu ta’a.
3) Walgahichi akka eegaleen barreessaa n ibsa gabaabaa dhimmoota ajandaa ta’anii dhiyaatan irratti ni dhiyeessa. Miseensi dhimma dhiyaatee fi ibsa kenname irratti gaaffii yookin yaada kaasee deebii yooki n ibsa dabalataa argachuu ni danda’a.
4) Ajandaan dhiyaate Yaa’ichaan akka ragga’u erga taasifameen booda QaboonYaa’ii walgahii darbee dubbifamee akka ragga’u fi mallattaa’u ni godhama.
5) Yaa’ichi dhimmoota ajandaa ta’anii dhiyaateen akkaa duraa duuba isaaniitiin yookin akkaataa irratti waliigaleen ilaaluu ni danda’a. Walittiqabaan dhimmi ajandaa ta’ee dhiyaate keessaa dursa argachuu qaba jedhee kan itti amane dursi kennameefii akka ilaalamu godhuu ni danda’a.
6) Walgahiin dhimmootni ajandaa ta’anii dhiyaatan goolabamuu isaa Walitti qabaan akkuma mirkanneessuudhaan walgahichi xumuramuu akkuma ibseen kan xumuramu ta’a.

7) Guyyaa walgahii dhimmootni ajandaaf dhiyaatan kan xumuramuu hin dandeenye yoo ta'e, walgahichi borumtii ykn guyyaa biro Yaa'ichi itti waliigaletti guyyaa shan hin caalle keessatti kan geggeeffamee xumuramu ta'a.

**17. Koree Gumii**

1) Gumiin Koree Dhaabbii yookin Koree Yeroo hundeessuun hojii isaa geggeessuu ni danda'a.
2) Koree Dhaabbii Gumii dhimma naamusaa dambii kanaan hundaa'eera.

**18. Koree Dhaabbii Dhimma Naamusaa**

1) Koreen Dhaabbii DhimmaNaamusaa (kanaan booda *'Koree Dhaabbii'* jedhama) barreessaa dabalatee miseensota Gumii sadii of keessatti kan qabaatu ta'a. Barreessaan barreessaa Korichaa ta'a.
2) Koreen Dhaabbii dhimmoota naamusaa oliyyannoon yookin kallattiin dhiyaatan qoratee yaada murtii Yaa'ichaaf kan dhiyeessu ta'a. Dhimmoota naamusaa Yaa'ichi yookin Walitti qabaan kennuufis ilaalee yaada ni dhiyeessa.
3) Koreen Dhaabbii deggarsa ogeessaatti gargaaramuu ni danda'a.
4) Miseensi Koree Walittiqabaan dhiyaatee Yaa'iin kan bakka bufaman ta'a. Walittiqabaa Koree Walittiqabaadhaan kan bakka bu'u ta'a.

**19. Koree Yeroo Gumii**

1) Walitti qabaan yookin Yaa'iin yeroo yookin dhimma murtaa'e tokko yookin hojii adda bahee kenname tokko hojjatee, qulqulleessee yookin murtiif akka ta'utti bilcheessee akka gabaasa yookin yaada murtii dhiyeessuuf Koree Yeroo hundeessuu ni danda'a.
2) Miseensonni Koree Yeroo guutummaatti yookin gamisni isaanii miseensota Gumii ta'uu ni danda'u. Walitti qabaan Koree Yeroo miseensa Gumii ta'uu qaba.
3) Yeroo tokkoti KoreenYeroo tokko ol hundaa'uu ni danda'a.

**20. Deemsa Murtiin Itti Darbu**

1) Murtiin kamuu sagalee caalmaadhaan kan darbu ta'a. Sagaleenis harka baasuudhaan kan kennamu ta'a.
2) Kan Keewwata 5(5) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, bakka sagaleen walqixa ta'etti sagaleen Walittiqabaa murteessummaa ni qabaata.

**21. Qaboo Yaa'ii fi Raawwii Murtii Yaa'ii Gumii**

1) WalgahiinYaa'ii kamuu irratti qaboon walgahichaa sirnaan qabamuu qaba.
2) Qabiyyeen QabooYaa'ii Walgahii meeqaffaa akka ta'e, guyyaa, sa'aatii fi iddoo walgahichaa, miseensota hirmaattota, tokkoo tokkoo dhimma ajandaa jalatti ijoo marii fi yaadota ka'anii fi murtii irra gahame haala ifaa ta'ee n ibsee kan barreeffame ta'uu qaba.
3) Qaboon Yaa'ii galmee haadhoo irratti barreeffam arkaatiin,yookin kompiitaraan barreeffamee pirinti godhame, wixineen isaa guyyuma walgahichaa miseensota argamaniin mallattaa'uu qaba.
4) Qaboon Yaa'ii sirnaan irra deebiin qulqullaa'ee barreeffamee yaadni miseensotaa erga irratti gaafatameen booda kooppii sadiin qophaa'ee walgahii itti aanu irratti dhiyaatee dubbifamee Yaa'ichaan ragga'uu qaba. Miseensota Walgahii irratti argamanii turniin ni mallatta'a.

5) Murtiin Yaa'ii wixinee qaboo irratti hundaa'ee borumtaa walgahichaa irraa eegalee kan hojii irra oolu ta'a. Wanti humnaa olii mudatee yoo jiraateen ala tti guyyaa murtaa'e irraa eegalee guyyoota kudha keessatti raawwatamuu qaba. Barreessaan murtiii Yaa'ii Gumii guyyoota kudhan keessatti raawwachiisee Walittiqabaaf gabaasuu qaba.
6) Sanadni Gumiin mirkanaa'e kamuu Waajjira Gumiitti sirnaan gurmaa'ee ol kaawwamuu qaba. Fuula Qaboo Walgahii mallattaa'e hunda irra chaappaan Waajjira Gumii godhamee ol kaa'amuu qaba.

**22. Walgahii Irraa Ka'uu Miseensaa**

1) Miseensi sababoota armaan gadii keessaa tokko isa muudate Walgahii irraa guutummaatti yookin yeroo dhimmi ajanda isa ilaallatu irraa of kaasuu qaba.
   (a) Dhimma dantaa irraa qabu yookin dhimmi ilaalamu kan isa ilaallatu yoo ta'u;
   (b) Dhimmi fira foonii fi gaa'eelaa miseensichaa yammuu ilaalamu;
   (c) Dhimma inni armaan dura dandeettii biroodhaan ilaale yoo ta'e;
   (d) Sababa amansiisaa biraa loogummaa keessa isa galchu yoo isa mudate walgahii irraa ka'uu qaba jedhee yoo gaafatee fi Yaa'ichi yoo itti amane.
2) Namni dhimmi isaa Yaa'ii Gumiin akka ilaalamuuf dhiyeeffate tokko sababoota keewwata kana keewwata xiqqaa (a-d)ti jiran caqasuun miseensi walgahii irraa akka ka'uuf barbaadu gaaffii isaa Walitti qabaatti dhiyeeffachuu danda'a.Walittiqabaanis Yaa'ii tti dhiyeessee akka murtiin itti kennamu ni taasisa.

**23. Naamusa Miseensota**

1) Miseensi bara miseensummaa isaatti naamusaa armaan gadii kabajee argamuu qaba.
   (a) Ta'e jedhee dubbii dhugummaan isaa hin mirkaneeffanne yookin soba ta'uun isaa beekamu Yaa'ii irratti dubbachuu hin qabu;
   (b) Ta'e jedhee maqaa namaa balleessuu yookin sobaan nama biro yakkuuf yookin miidhuuf socho'uu hin qabu;
   (c) Walgahii irratti yoo dubbatu yookin yaada kennu haala kabajaa miseensa biro tuqu dubbachuu hin qabu;
   (d) Hayyama Walitti qabaa malee dubbachuu hin qabu; miseensa carraan kennameefii sirnaan dubbachaa jiru jidduu seenee addaan kutuu hin qabaatu;
   (e) Dhimmoota iccitii sababa miseensummaa isaatiin beeke yookin harka isaa gale dabarsee nama biraatti himuu yookin dabarsee kennuu hin qabu;
   (f) Sababa gahaa malee yookin osoo hin beeksisin walgahii irraa irra deddebi'ee hafuu hin qabu;
   (g) Gochoota walfakkaataa biro naamusaan ala ta'an raawwachuu irraa of eeguu qaba.
2) Miseensi gochaa badii naamusaa miseensaa keewwata(1) jalatti tarreeffaman raawwatee argame, akkaatuma ulfaatina fi irra deddeebii raawwatameen Yaa'iin Gumii of eeggannoo afaanii yookin akeekkachiisa barreeffamaa, walgahicha irraa akka gadi bahu taasisuu, yeroo murtaa'ee walgahii Gumii irraa ittisuu, yookin miseensummaa irraa guutummaatti gaggeessuu ni danda'a.
3) Walittiqabaan sirna walgahii fi naamusa miseensummaa kabachiisuuf dirqama qaba.

**24. Sababoota Miseensummaa Irraa Haqsiisan**

**1)** Miseensi Gumii sababoota armaan gadiitiin miseensummaaisaa haqamuu ni danda'a.
   a) Barri tajaajilaa isaa yoo dhumate;
   b) Hojii yoogadi lakkise;
   c) Sababa guddinaatiin ittigaafatamummaan hojii isaa yoo jijjiirame;
   d) Jijjiirraan bakka biraatti godhameen fi walgahii Yaa'ii Gumii irratti argamuun kan rakkisu yoo ta'e;
   e) Badii naamusaa raawwateen miseensummaan isaa akka haqamu Yaa'in Gumii yoo murteesse;
   f) Bu'uura Dambii Naamusaa Abbootii Seeraa Oromiyaatiin badii naamusaa raawwachuun isaa yoo irratti qulqullaa'e yookin yoo adaabame;
   g) Irra deddeebiin walgahii irratti argamuu dhabuu yookin dirqama miseensummaa bahachuu dhabuu isaatiin Yaa'ichi miseensummaan isaa akka haqamu Yaa'ichi yoo murteesse; yookin
   h) Du'an yoo addan bahe yookin fedhi isaatiin miseensummaa yoo dhiise.
2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa (1) tiin miseensi yommuu hir'atu akkaataa seera jiruutiin miseensi biraan kan bakka buufamu ta'a.
3) Miseensi biraan hanga bakka buufamutti Pirezidaantiin nama ulaagaa guutu bakka buusee hojjachiisuu ni danda'a.

**KUTAA AFUR**
**DHIMMOOTA ADDAA ADDAA**

**25. Aangoo Ajaja dabarsuu**

Akkaataa Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Lakk 217/2011 keewwata 27 jalatti tumameen, Gumiin yookin Walittiqabaan yookin Koreen qaama yookin nama hojii Yaa'ichaa yookin Korichaa yaada yookin odeeffannoo irraa barbaadu kamuu ofitti yaamee gaafachuu yookin dubbisuu ni danda'a. Sanda barbaachisaadha jedhes qaama kam biraaiyyuu akka dhiyaatu taasisee ilaaluu ni danda'a.

**26. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne**

Dambiin, qajeelfamni, murtii fi hojimaanni biroon Dambii kanaan walitti bu'u dhimma Dambii kanaan haguugaman irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

**27. DambiiFooyyessuu**

Yaa'iin Gumii Dambicha yeroo kamittuu fooyyessuuf yookiin guutumatti haquu ni danda'a.

**28. HojiiirraoolmaaDambichaa**

Dambiin kun guyyaa Yaa'ii Gumiin mirkanaa'e **Ebla 12, 2011** irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Dasaa Bulchaa
Walittiqabaa Gumii Bulchiinsa
Abbootii Seeraa Oromiyaa

**Ebla 12, bara 2011**

**Finfinnee**